Qajeelfama Raawwii Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromiyaatin Qophaa'e

Lakk—7/2010

Kutaa tokko

Tumaalee Walii galaa

Ejansiin galmeessaa ragaa bu'uura hawaasummaa Fedaralaa aangoo bu'uura Labsii Lakk.760/2004 keeyyata 70(2) kennameefin qajeelfama galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa fi waraqaa eenyummaa biyyolessaa baasee jira.

1. Mata duree gabaabaa

   Qajeelfamni kun "qajeelfama raawwii galmeessaa ragaa bu'uuraa hawaasummaa, qabanaa ragaa fi dhiyyeessii Lakk-------/2010 jedhamee waamamuu danda'a.

2. Hiikkaa

   Hiikkaan seerota biroof kenname akkuma eegametti ta'ee galumsi jechootaa hiikkaa addaa kan hin kennisiisne yoo ta'e qajeelfama kana keessatti :-

   1. "**Dhaloota** " Jechuun yeroon ulfaa tilmaama keessa osoo hin galin daa'imni battaluma gadaamessa haadhaa keessaa baateen lubbuu kan qabdu ta'uu yoo beekamee dha.
   2. "**Du'a** " Jechuun namni lubuun jiraachaa ture tokko mallattoowwan lubbuun jiraachuu agarsiisan gutumaan guututti hanga dhumaatti kan dhabee dha.
   3. **"Gaa'eela"** Jechuun umriin isaanii waggaa 18 fi sanaa oli kan ta'an dhiirri tokkoo fi dubartiin takka karaa seera qabeessaan Abbaa Warraa fi Haadha Warraa ta'uun isaanii yoo mirkana'ee dha.

4. “**Gaa’elli osoo hin raawwatin akka abbaa warraa fi haadha warraatti jiraachuu “** jechuun dhiirri tokkoo fi dubartiin takka haala seeraan murta’uu danda’uun gaa’elli osoo hin raawwatin akka abbaa warraa fi haadha warraatti jiraachaa kan jiranii dha.
5. “**Hiikaa gaa’eelaa** “jechuun gaa’eela bu’uura seeraatiin raawwatamee ture mana murtii aangoo qabuun murtiin hiikaa gaa’elaa yoo kennamee dha.
6. “**Guddifachaa** “jechuun daa’ima ofii kan hin taane bu’uura seeraa mana murtii aangoo qabuun walii galtee mirkana’een daa’ima ofii gadhachuu dha.
7. “**Muccummaa fudhachuu** “ jechuun namni tokko daa’ima dhalate/tte tokko mucaa isaa ta’uu bu’uura seeraatiin amanee jecha isaa yoo kennee dha.
8. “**Abbummaa mana murtiin beekuu** “ jechuun abbaan mucaa kan hin beekkamne yookiin kan waakkate/haale yoo ta’e ,abbaan mucaa eenyu akka ta’e murtiin mana murtiitiin yoo mirkana’ee dha .
9. “**Bakka jireenya waliinii** “jechuun namoonni firummaan walitti hidhaman yookiin firummaa waliinii kan hin qabne bakka waliin jiraatanii dha.
10. “**Dhaabbata fayyaa** “ jechuun Hoospitaalota ,Buufata fayyaa ,Keellawwan fayyaa fi Kilinikoota mootummaa fi miti mootummaa hunda hammata.
11. “Gulantaa “jechuun maqaa kabajaa nama tokkoof dhaabbilee Rayyaa Ittisa Biyyaa, Poolisii, Yuunivaristii, Dhaabbilee Amantaa, Dhimma Haajaa Alaa fi kkfniin kennamu dha.
12. “**Odeeffannoo** “jechuun sirna galmeessa ragaa bu’uura hawaasummaa keessatti kan uummamu waraabbiiwwan galmee kabajaa, faayila elektironiksiin gurmaa’uu, odeefannoowwan qindaa’anii fi gurmaa’an kan of keessatii hammatuu dha.

13. “**Ragaa**” jechuun odeefannoowwan galmeessa ragaa bu’uura hawaasummaa irraa maddan sanada qophaa’ee qaama seera qabeessa eeyyamameef kan kennamuu dha.
14. “**Lammii Biyya alaa** “jechuun lammii Itiyoophiyaa kan hin taane nama kammiyyuu jechuu dha.
15. “**Lammii Biyya alaa Dhalootaan Itiyoophiyaa**” jechuun lammummaa biyya biraa osoo hin fudhatiniin dura lammii Itiyoophiyaa kan ture yookiin warra isaa, ,akaakayyuu yookiin abaabayyuu keessaa yoo xiqaate nama tokkoon yeroo kamiyyuu lammummaa Itiyoophiyaa qabatee kan ture lammii biyya alaa yoo ta’u, lammummaa Itiyoophiyaa dhiisuun lammummaa Ertiraa filatee nama qabate hin dabalatu .
16. “**Kaardii eenyummaa dhalataa Itiyoophiyaa**” jechuun kaardii eenyummaa dhalataa Itiyoophiyaa lammummaan biyya alaa ta’eef yookiin haala addaatiin kanneen eeyyamamef kan kennamu dha.
17. “**Labsii**” jechuun Galmeessaa Ragaa Bu’uura Hawaasummaa Fi Waraqaa Eenyumeessaa Biyyolessaa Labsii Lakk.760/2004 Fi Labsii Fooyya’e Lakk. 1049/2009 dha.
18. labsii fi danbii kana keessatti jechoonnifi gaaleewwan hiikkaan itti kenname qajeelfama kanaan ni raawwatu.

Kutaa lama

Tumaa walii galaa

3. Qajeeltowwan qabiinsaa odeeffannoo fi raawwii galmeessaa

1. Odeefannoowwan qajeelfama kanaan adda bahanii ilaalamaniin ala jecha biroo kamiyyuu waraabbiiwwan fi uunkalee galmee kabajaa irratti barreessuun dhorkaa dha.
2. Galmeessi ragaa bu’uura hawaasummaa namoota dhuunfaa humna hin qabnee kan raawwatu karaa kunuunsistoota yookiin nama isaan bulchuun ta’a.

3. Odeefannowwan nageenyummaan isaanii eegamee qabamuu qabu.
4. Sanadoonni deegarsaa galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa biyya alaatii gara Itiyoophiyaatti seenan ministeera dhimma alaatiin osoo hin mirkanaa'inii fi ejansii mirkaneessaa fi galmeessa sanadotaatiin yoo galma'uu baate fudhatama hin qabu .
5. Qondaalli galmee kabajaa galmeessa erga xumureen booda chaappaa waajjira bulchiinsan kanchaappessu ta'ee caasaan taatee bu'uuraa bakka diriiretti chaappaa ofiittiin fayadamuu qabu .
6. Taateen kan uummame qondaala galmee kabajaa yookiin haadha warraa/abbaa warraa isaa/ishee, haadha fi abbaa isaa/ishee yookiin dhalattootaa isaa/ishee irratti yoo ta'e galmeessi karaa bakka bu'aa qondaala galmee kabajaatiin kan raawwatu ta'a.
7. Qondaalli galmee kabajaa waraqaawwan ragaa itti gaafatamummaa isaatiin fuudhe sababa qubsaa hin taaneen yoo hir'ise bu'uura seeratiin gaafatama.
8. waraqaa ragaa yeroo maxxanfamu lakkoofsa seerii waliin maxxanfamuu qaba .

4. Bakka Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Lammii Biyya Alaa Dhalootaan Itiyoophiyaa Hin Taane

bakki galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa lammii biyya alaa dhalootaan Itoophiyaa kan hin taanee, naannoo fi bulchiinsi magaalaa hundi magaala waajjirri olaanaan ejansii galmeesaa ragaa bu'uura hawaasummaa kutaa magaalaa yookiin ganda jiru keessati ta'a. Naannoo oromiyaa ilaalchisee Ejansiin galmeessaa ragaalee bu'uura hawaasummaa naannoo bu'uura murtii kennuun kan raawwatu ta'a.

Kutaa sadii

Galmeessa dhalootaa

kutaa xiqqaa tokko

Haal-Dureewwan Fi Ragaawwan Deegarsaa Wayita Galmeessa Dhalootaa Guutamuu Qaban

5. Haal-dureewwan

1. Maatii keessaa tokko lubbuun kan hin jirre yoo ta'e lubbuun kan jiru haadha yoo taate haadhan ,abbaa yoo ta'e abbaan waraqaa ragaa galmeessa du'aa yoo dhiyaatee ni galma'aa.
2. Galmeessi ragaa bu'uura hawaasummaa namoota dhuunfaa humna hin qabnee kan raawwatu karaa kunuunsistoota yookiin nama isaan bulchuun ta'a.
3. Dhaloonni kan galmaa'u lubbuun kan dhalate yookiin lubbuun dhalatee batalumatti kan du'e yoo ta'u, du'ee kan dhalate yoo ta'e garuu hin galmaa'u.
4. Namni umriin isaa waggaa 18 fi sanaa ol ta'e tajaajila galmeessa dhalootaa barbaadu ofumaa of galmeessisuu qaba.
5. Galmeessisaan/galma'aan Waraqaa eenyummaa jireenyaa hin qabne hojjataa yoo ta'e waajjira hojjatu irraa hojjataa ta'uu isaa kan ibsuu xalayaa deegarsaa fi waraqaa eenyummaa waajjira isaa bulchiinsaa sadarkaa gadii waajjirri isaa keessatti argamuuf dhiyyeessutu irraa eegama.

6. Ragaawwan deegarsaa

1. Galmeessisaan waraqaa eenyummaa biyyoleessaa/jiraataa yeroon irra hin darbin yookiin bulchiinsa sadarkaa gadii keessa jiraatu irraa xalayaa deegarsaa yookiin ragaa baqattummaa yookiin eeyyammaa jiraachuu yookiin waajjira hojjatuu irraa hojjataa ta'uu isaa kan ibsu xalaayaa

deegarsaa fi waraqaa eenyummaa waajjirichaa yookiin waraqaa eenyummaa raayyaa ittisa biyyaa dhiyyeessuu qaba.

2. Galmeesistoonni /galmooftonni waraqaa eenyummaa Waajjira kaambiin /projaktiin keessatti argamu keessaa kan hin qabne dhaloota galmeesisuu yoo barbaadan kambiin /pirojaktiin /warshaan naannoo waajjira galmeessaa ta'uu isaa mirkaneessuu fi galmooftonni /galmeesistoonni hojjataa kaambii /pirojaktii /warshaa ta'uu isaanii kan ibsu ragaa yoo dhiyeefatan galma'uu ni danda'u.
3. Dhaloonni kan muudate dhaabbata fayyaa keessatti yoo ta'e galmeessisaan waraqaa ragaa beeksisaa dhalootaa dhaabbataa fayyaatiin kennameef dhiyyeessuu qaba .
4. Guddistoonni yookiin kunuunsitoonni daa'immanii dhaloota galmeesisuuf yoo dhiyaatan ragaa seera qabeessa mana murtiitiin kennameef dhiyeessuu qabu.
5. Daa'ima gatamee argame galmeessisuuf poolisiin yookiin qaamni mootummaa seera qabeessa ta'e yeroo dhiyaatu enyummaa isaa ibsu waraqaa eenyummaa yookin ragaa seera qabeessa dhiyyeessuu qaba .

Kutaa xiqqaa lama

Lakkoofsa addaa

7. Lakkoofsa uunka galmee kabajaa dhalootaa

Lakkoofsi uunka galmee kabajaa dhalootaa wayita maxxansaatti lakkoofsa uunkichaaf kennamee dha.

8. Lakkoofsa addaa waajjira galmeessaa

Bu'uura tareeffama koodii Ejansiin naannoo qaama seera qabeesa ta'e waliin ta'uun baasuun galma'aa.

9. Lakkofsa addaa galmee dhalootaa

keewwata 8 olii jalatti kan galmaa'e lakkoofsa addaa waajjira galmeessaa ,bara galmeessaa lakkoofsa dijiitii afuriin fi tartiiba lakkoofsa addaa dhalootaa lakkoofsa dijiitii afurtiin wal duraa duubaan ni galma'a.

Kutaa xiqqaa sadi

Iddoo galmeessa

10. Naannoo

    Maqaa naannoo gandi galmeessi keesatti adeemsifamaa jirutu galmaa'a.

11. Godina /bulchiinsa magaalaa

    Maqaa/ lakkofsa Godinaa/Bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa. Bulchiinsa magaalaa yoo jedhamu magaalota sadarkaa Godinaatti argamanii dha.

12. Magaala

    Maqaan magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa . Ganda baadiyyaa yoo ta'e malattoo sarara xiqqaa (-) irra darbama .

13. Kutaa magaalaa

    Maqaa/lakkoosa kutaa magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa.

14. Aanaa /aanaa addaa

    Maqaa/ lakkofsa Aanaa /Aanaa addaa /Bulchiinsi magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa .

15. Ganda

    Maqaa/lakkofsa gandaa galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galmaa'a .

Kutaa Xiqqaa Afur

Daa'ima Dhalate/Tte Ilaalchisee

16. Maqaa ,maqaa abbaa fi maqaa akaakayyuu

1. Kutaa kana keessatti maqaa dhuunfaa daa'ima dhalate/tte kenname ,maqaa abbaa fi maqaa akaakayyuutu galmaa'a.
2. Dhaloonni yamuu galmaa'u maqaan abbaa daa'imaa kan hin beekkamne yoo ta'e maqaan abbaa haadha daa'imaa maqaa abbaa daa'imaa fi maqaan akaakayyuu haadha daa'imaa maqaa akaakayyuu daa'imaa ta'ee galmaa'a.

17. Koorniyaa

Koorniyaan daa'imichaa galmeesiisaa gaafatamee "dhiira" yookiin "dubartii "jedhamee galmaa'a.

18. Lammummaa

1. Lammummaan daa'imaa maatii gaafatamee galmaa'a.
2. Maatii keessaa tokko lammii biyya alaa yoo ta'e lammumaan mucaa bu'uura murtii maatii lammummaa Itiyoophiyaa qabuun galmaa'a.

19. Guyyaa ,Ji'aa Fi Bara Dhalootaa

1. Dhaloonni kan raawwate dhaabbata/caasaa fayyaa keessatti yoo ta'e maqaan ji'aa jechaan , guyyaan lakkoofsa dijiitii lamaan, barri lakkoofsa dijiitii afuriin waraqaa ragaa beeksiisa dhalootaa kennameef irraa fudhachuun galmaa'a. Haa ta'u malee odeefannoo hin guutamne yoo muudate yookiin waraqaan ragaa beeksiisa dhalootaa dhaabbata fayyaa irraa yoo dhufuu baate galmeesiisaa gaafachuun galmaa'a.

20. Akaakuu dhaabbaticha / bakka dhaloonni itti raawwatee fi ragaan kenname yoo jiraate lakkoofsa ragaa

1. Daa'imni kan dhalate/tte dhaabbata fayyaatti keessatti yoo ta'e maqaa dhaabbatichaa, akaakuu dhaabbattichaa (hospitaala /buufata fayyaa

/kiliinika/keellaa fayyaa)fi abbaa qabeenyummaa (kan mootummaa /miti mootummaa /kan dhuunfaa)ta'uu isaa waraqaa ragaa beeksiisaa galmeessiisaaf kenname irraa fudhachuun galmaa'a.

2. Ragaan yaalaa dhaabbilee fayyaatiin kenname yoo jiraate lakkoofsi ragaa waraqaa beeksiisaa galmeesiisaaf kenname irraa fudhachuun galmaa'a.
3. Daa'imni kan dhalate/tte dhaabbata/caasaa fayyaatiin ala yoo ta'e maqaan bakka dhalootaa (manatti /daandii irratti /bakka guddisa daa'immanii /mana amala sirreessaa) galmaa'a.

21. Iddoo dhalootaa

Iddoo/dhaabbata daa'imni itti dhalate/tte maqaa/Lakkoofsa naannoo ,godinaa/Bulchiinsa magaalaa ,Magaalaa, Kutaa magaalaa ,Aanaa/Aanaa addaa fi gandi itti argamuutu galmaa'a.

22. Akaakuu dhalootaa

Dhaloonni tokko yoo ta'e (Qeenxee),lama yoo ta'e (lakkuu)fi lamaa ol yoo ta'e baay'ina dhalootichaa qubeen galmaa'a. Akaakuun dhalootaa tokkoo ol yoo ta'e akka baay'ina dhalootaatti uunka galmee kabajaa adda addaa irratti galmaa'a.

23. Gargaarsa Yeroo Dhalootaa Taasifame

Dhaloonni kan muudate dhaabbilee fayyaa keessatti yoo ta'e wayita dhalootaa gargaarsa taasifame ragaa dhaabbatichi kenne irraa ilaaluun galmaa'a. Wayita dhalootaa gargaarsi taasifame kan hin jirre yoo ta'e mallattoo sarara xiqqaa (-)ka'uun galmeessuu dha .

24. Ulfaatina Wayita dhalootaa

Ulfaatinni daa'imaa kan galmaa'u ragaa beeksiisaa dhalootaa dhaabbata fayyaa kenne irraa fudhachun qofa. Odeeffannoon hamma ulfaatinaa galma'ee kan dhufuu qabu giraamaan ta'ullee kiiloo giraamaan guutamee yoo

dhufe qondaalli galmee kabajaa gara giraamaatti jijjiiree galmeessa.(kiiloo giraamni 1=giraamii 1000)odeefannoon ulfaatina daa'imaa yoo argamuu baate mallatoo sarara xiqqaa (-)gochuun galma'aa.

25. Sadarkaa Ogummaa Ogeessa Daa'ima Deessisee /te .

wayita da'umsaa haati mana yaalaatti yookiin deesistuu aadaatiin dahuu ishiif ragaa dhaabbata fayyaa irraa dhufurraa ilaaluun sadarkaa ogummaa ogeessaa yookiin deesistuu aadaa jechuun guutuu .

Kutaa Xiqqaa shan

Haadhaa fi Abbaa Daa'imaa Ilaalchisee

26. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu .

Maqaa, maqaa abbaa fi maqaa akaakayyuu waraqaa eenyummaa Biyyooleessaa /jiraataa/ paaspoortii irraa ilaaluun wal duraa duuban galmaa'a

27. Lammummaa

Lammummaan kan galmaa'u waraqaa eenyummaa biyyooleessaa/jiraataa/paaspoortii yookin dhalataa Itiyoophiyaa ta'u/ eeyyamma jiraachuu irraa ilaalamee galmaa'a.

28. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/Jiraataa.

Lakkoofsi Waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/jiraataa ykn paasipoortiin waraqaa eenyumeessaa biyyooleessaa /jiraataa/paaspoortii irraa fudhatamee galmaa'a.

29. Ji'a, Guyyaa fi Bara Dhalootaa

Maqaan Ji'a dhalootaa jechaan, guyyaan lakkoofsan ta'e dijiitii lamaan fi bara lakkoofsa dijiitii afuriin ta'ee galmaa'a.

30. Iddoo/Biyya dhalootaa

Iddoon dhalootaa maqaa/lakkoofsa Godina/Bulchiinsa Magaalaa /Kutaa magaalaa fi Aanaa/aanaa addaa yookaan kutaa magaalaa sadarkaa aanaa jirutu galmaa'a. Iddoon dhalootaa Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaa biyya sanaatu galma'a.

31. Teessoo Jireenya Idilee/Biyyaa.

wayita galmeessa bakki maatiin itti argamu maqaa/lakkoofsa naannoo, Godina /Bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, Aanaa/aanaa addaa fi gandaatu galma'a. Bakki jireenya idilee Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaan biyya sanatu galma'a.

32. Haala Gaa'eelaa

Wayita dhaloonni raawwatutti haala gaa'elaa maatii gaafachuun kan fuudhe/heerumte yoo ta'e fuudhe /heerumte jechuun galma'a. Kan hin fuune/hin heerumne yoo ta'e hin fuunne/hin heerumne jechuun galma'a. Kan wal hiikaan yoo ta'e kan hiike/hiikte jechuun galmaa'a. Gaa'eela duraan ture keessatti kan duraa duute/du'e yoo ta'e kan jalaa duute/du'e yookaan gaa'eela osoo hin raawwatin akka abbaa manaaf haadha manaa kan waliin jiraatan yoo ta'e akka abbaa manaatti kan jiraatu/akka haadha manaati kan jiraattu jennee galmeesina.

33. Amantii

Amantii yookin miseensummaa dhaabbata hafuuraa maatiin wayita daa'ima argatan /godhatan hordofan gaafachuun galma'a. Hin qabu yoo jedhan amantii hin qabu/hin qabdu jedhamee galmaa'a.

34. Sabummaa

1. Maatiin galmeessisaa/galma'aan lammummaan Itiyoophiyaa yoo ta'e sabummaa gaafachuun tarreeffama waamama sabaa duuka buutuu lakkoofsa 01 waliin ilaaluun galma'a.

2. Maatiin galmeessisaa/galma'aa lamii biyya alaa yoo ta'an sabummaan galmeessisaa /galma'aa gaafachuun galmaa'a.

35. Haala Barnootaa

Maatiin wayita daa'ima argatan /godhatan haala dubbisuu fi barreessuu yookaan sadarkaa barumsa ol'aanaa isaan xumuran gaafatamanii tarreeffama sadarkaa barnootaa duuka buutuu Lakk 02 waliin wal bira qabuun mirkanaa'ee galma'a.

36. Akaakuu Hojii

Maatiin wayita daa'ima godhatan hojii idileen isaan hojettan gaafachuun galma'a. Hojii tokkoo ol qabu yoo ta'e hojii isaan yeroo dheeraa irratti dabarsaan gaafachuun galmaa'a.

37. Mallattoo

1.Mallattoon kamiyyuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.

2. Namni barreeffamaan mallatteesuu hin dandeenye ashaaraa qubaatin mallateesuu qaba.

3.Ashaaraa qubaan mallatteesuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumitti ibsamee bakka ragooleen jiranitti Qondaalli Galmee Kabajaa mallatteessa.

4.Galmeeffamaan dhalootaa waggaa 18 fi isaa ol ta'e bakka maatii isaa ilaalatu irratti oddeefannoo hunda erga guuchisee booda bakka mallattoo maatii jedhutti mallattoo (-) irra darba.

Kutaa Xiqqaa Ja'a

Galmeesisaa Ilaalchisee /Galmeessissaan Abbaa Fi Haadhaan Ala Yoo Ta'e Qofa Kan Guutamu.

38. Maqaa: Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu.

Maqaan,maqaan abbaa fi Maqaan akaakayyuu duraa duubaan barreeffama.

39. Koorniyaa

Koorniyaan dhiira yookaan dubartii jedhamee galmaa'a.

40. Daa'ima waliin firooma qabu/qabdu.

Galmeessissaan galmeeffammaa gosa firoomaa waliin qabu gaafatamee galma'a. Firooma kan hin qabne yoo ta'e firooma hin qabu jedhamee guutama.

41. **Ji'a, Guyyaa Fi Bara Dhalootaa .**

Maqaan Ji'a dhalootaa jechaan, guyyaan dijiitii lamaan fi bara dijiitii afuriin lakkoofsan galmaa'a.

42. Iddoo Dhalootaa.

Iddoon dhalootaa maqaa/lakkoofsa Godina/Bulchiinsa Magaalaa /Kutaa magaalaa fi Aanaa/aanaa addaa yookaan kutaa magaalaa sadarkaa aanaa jirutu galmaa'a. Iddoon dhalootaa Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaa biyya sanaatu galma'a.

43. **Teessoo Jireenya Idilee**

wayita galmeessa bakki maatiin itti argamu maqaa/lakkoofsa naannoo, Godina /Bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, Aanaa/aanaa addaa fi

gandaatu galma'a. Bakki jireenya idilee Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaan biyya sanatu galma'a.

44. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/jiraataa.

Lakkoofsi Waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa,/jiraataa/ paasipoortiin ,waraqaa eenyumeessaa biyooleessaa /jiraataa/paasipoortii irraa fudhatamee galmeefama.

45. Mallattoo

1.Mallattoon kamiyyuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.

2. Namni barreeffamaan mallatteesuu hin dandeenye ashaaraa qubaatin mallateesuu qaba.

3.Ashaaraa qubaan mallatteesuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumitti ibsamee bakka ragooleen jiranitti Qondaalli Galmee Kabajaa mallatteessa.

4.Galmeeffamaan dhalootaa waggaa 18 fi isaa ol ta'e bakka maatii isaa ilaalatu irratti oddeefannoo hunda erga guuchisee booda bakka mallattoo maatii jedhutti mallattoo (-) irra darba.

4. namni umuriin isaa waggaa 18 ttii fi isaa ol ta'e dhaloota galmeefamu kam iyyuu haalumma lakkoofsa xiqaa 1-3 jalatti tumameen mallatteessa.

Kutaa Xiqqaa Torba

Qondaala Galmee Kabajaa Ilaalchisee

46. Maqaa, Maqaa Abbaa,Maqaa Akaakayyuu

Maqaan, Maqaan abbaa fi Akaakayyuu duraa duuban galmaa'a.

47. Ji'a, Guyyaa fi Bara iitti Galma'ae

Maqaan Ji'a dhalootaa jechaan, guyyaan dijiitii lamaan fi bara dijiitii afuriin lakkoofsan galmaa'a.

48. Mallattoo

Qodaall Galmee Kabajaa Mallattoo isaa ni mallatteessa.

Kutaa Afur

Galmeessa Guddifachaa

Kutaa xiqqaa tokko

Ragaawwan Deeggersaa wayita Guddifachaa Galmeessuuf Guutamuu Qaban.

49.Ragaawwaan Degerssaa

1.Daa'imni guddifachaa fudhatame kanaan dura waraqaa ragaa dhalootaa yoo qabaate adeemsa galmeessaf ragaawwaan barbaachisoo ta'an waraqaa ragaa irraa erga fudhatamee booda qondaala galmee kabajaatif deebi'uu qaba.

2. Galmeessisaan waraqaa eenyummaa biyyoleessaa/jiraataa yeroon irra hin darbin yookiin bulchiinsa sadarkaa gadii keessa jiraatu irraa xalayaa deegarsaa yookiin eeyyammaa jiraachuu yookiin waajjira hojjatuu irraa hojjataa ta'uu isaa kan ibsu xalaayaa deegarsaa fi waraqaa eenyummaa waajjirichaa yookiin waraqaa eenyummaa raayyaa ittisa biyyaa dhiyyeessuu qaba.
3. Galmeesistoonni /galmooftonni waraqaa eenyummaa Waajjira kaambiin /projaktiin keessatti argamu keessaa kan hin qabne dhaloota galmeesisuu yoo barbaadan kambiin /pirojaktiin /warshaan naannoo waajjira galmeessaa ta'uu isaa mirkaneessuu fi galmooftonni /galmeesistoonni hojjataa kaambii /pirojaktii /warshaa ta'uu isaanii kan ibsu ragaa yoo dhiyeefatan galma'uu ni danda'u.
4. Waliigaltee guddifachaa mana murtiin mirkanaa'e galagalchi sirrii ta'e dhiyaachuu qaba.
5. Guddifachaa fudhattootni ragaa haala gaa'ela isaanii ibsu dhiyeesuu qabu.

Galmeessa Tarreeffama Odeefannowwaan Uunka Galmee Kabajaa Guddifachaa

Kutaa xiqqaa Lama

Lakkoofsa Addaa

50. Lakkoofsa Uunka Galmee Kabajaa Guddifachaa.

Lakkoofsi uunka galmee kabajaa guddifachaa wayita maxxansaatti lakkoofsa uunkichaaf kennamee dha.

51. Lakkaddaa Waajjira Galmeessaa.

Bu'uura tareeffama koodii Ejansiin naannoo qaama seera qabeesa ta'e waliin ta'uun baasuun galma'aa.

52. Lakkaddaa Galmeessa Guddiffachaa.

keewwata 51 jalatti kan galmaa'e lakkoofsa addaa waajjira galmeessaa ,bara galmeessaa lakkoofsa dijiitii afuriin fi tartiiba lakkoofsa addaa guddifachaa dijiitii afurtiin wal duraa duubaan ni galma'a.

53.Lakkaddaa Galmeessa Dhalootaa

Bu'uura labsii 760/2004 dhaloonni kan galmeeffame yoo ta'e guddifachaa raawwatame lakk oofsi addaa galmeessa dhalootaa waraqaa ragaa irraa fudhachuun galma'a. Haata'u malee seerootaa fi barsiifata dura turan bu'uureffachuun kan kenname yoo ta'e lakkaddaa waraqaa ragaa dhalootaa yookin lakkoofsa addaa galmee kabajaatu galma'a.

Kutaa xiqaa sadii

Iddoo Galmeessaa

54. Naannoo

Maqaa naannoo gandi galmeessi keesatti adeemsifamaa jirutu galmaa'a.

55. Godina /bulchiinsa magaalaa

Maqaa/ lakkofsa Godinaa/Bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa. Bulchiinsa magaalaa yoo jedhamu magaalota sadarkaa Godinaatti argamanii dha.

56. Magaala

Maqaan magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa . Ganda baadiyyaa yoo ta'e malattoo sarara xiqqaa (-) irra darbama .

57. Kutaa magaalaa

Maqaa/lakkoosa kutaa magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa.

58. Aanaa /aanaa addaa

Maqaa/ lakkofsa Aanaa /Aanaa addaa /Bulchiinsi magaalaa gandi galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galma'aa .

59. Ganda

Maqaa/lakkofsa gandaa galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galmaa'a .

Kutaa xiqqaa Afur

Daa'ima Guddifamu/tu Ilaalchisee

60. Maqaa,Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayuu

1.Guddifachaa kan fudhate dhiira fi kan fuudhe yoo ta'e maqaan daa'ima guddifamuu maqaa walii galtee kenname irratti barreeffamee fi maqaan nama guddifachaa fudhatee maqaa abbaa daa'imaa fi maqaan akaakkayuu daa'imaa maqaa abbaa guddifachaa fudhateen galmaa'a.

2. Guddifachaa kan fudhatte dubartii yoo taate maqaan daa'ima guddifamuu maqaa walii galtee kenname irratti barreeffamee fi maqaan nama guddifachaa fudhattee maqaa abbaa daa'imaa fi maqaan akaakkayuu daa'imaa maqaa abbaa guddifachaa fudhatteen galmaa'a

61. Koorniyaa

Koorniyaan daa'ima guddifachaa fudhatame/kenneme waliigaltee mana murtiitin mirkanaa'e irraa fudhachuun dhiira/dubartii jedhamee galmaa'a.

62. Ji'a,Guyyaa fi Bara Dhalootaa

Daa'imni guddifachaa fudhatame/te waraqaa ragaa dhalootaa irraa bara dhalootaa ilaaluun bu'uuruma waraqaa ragaa irratti barreeffameen galmaa'a.

63. Iddoo Dhalootaa

Iddoo dhaloota daa'imni Guddifachaa fudhatame/te maqaa/lakkoofsa Naannoo, Godina /Bulchinsa Magaalaa, Magaalaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa/Aanaa Addaa fi gandatu galmaa'a.

64. Teessoon Jireenya Idilee :

Teessoon jireenya idilee daa'ima guddifachaa fudhatame/te guddifachaan osoo hin kenamiin dura warri guddifachaa kennaan yeroo waliigaltee uumaan maqaa/Lakkoofsa Naannoo, Bulchinsa Magaalaa, Magaalaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa/Aanaa Addaa fi Ganda jiraatantu galmaa'a.

65. Haala Barnootaa

Daa'imni Guddifachaa Kenname/te yeroo guddifachaan mirkanaa'etti sadarkaan barnoota ol'aanaa xumure gaafatamee tarreeffamaa duuka buutuu sadarkaa barnootaa Lakk 02 waliin ilaalamee galmaa'a.

66. Sababa Kennama Guddifachaa

Sababni kennama guddifachaa waliigaltee mana murtii mirkaneesse irraa ilaalamee gaalma'a. Waliigaltee irratti sababa guddifachaan kennameef hin ibsamne yoo ta'e mallattoo(-) irra darbama.

Kutaa Xiqaa shan

Guddifachaa Fudhataa/ttuu Ilaalchisee

67. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakkayuu

Guddifachaa fudhataa/ttuu maqaan, maqaan Abbaa fi maqaan Akaakkayuu murtii mana murtii irraa ilaalamee galmaa'a.

68. Lammummaa

Lammummaan haadha guddifachaa fudhattuu murtii manni murtii murteesse, waraqaa eenyumeessaa biyyoolessaa/Jiraataa/Paaspoortii irraa fudhatamee galmaa'a.

69. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/Jiraataa/Paaspoortii.

lakkoofsi waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/Jiraataa/Paaspoortii nama guddifachaa fudhatuu/ttuu waraqaa Eenyummaa Biyyooleessaa/Jiraataa/Paaspoortii irraa fudhachuun galmaa'a.

70.Ji'a,Guyyaa fi Bara Dhalootaa.

Bara dhalootaa nama guddifachaa fudhatuu waraqaa Eenyumeessaa Biyyooleessaa/Jiraataa/Paaspoortii irraa fudhachuun ykn galmeesissaa gaafachuun kan galma'uta'ee, maqaa ji'a jechaan ,guyyaan lakkoofsa dijittii lamaa fi barri lakkoofsa dijiitii afuriin galmaa'a.

71. Iddoo /Biyya Dhalootaa

Iddoon dhalootaa nama guddifachaa fudhatuu/ttuu, maqaa/lakkoofsa Godina/kutaa magaalaa fi Aanaa/Aanaa Addaatu galmaa'a. Biyyi dhalootaa

Itiyoopiyaan ala yoo ta'e maqaa biyya fi maqaa magaalaa keessa jiraatutu galmaa'a.

72.Teessoo Jireenya Idilee/Biyya

Wayita galmeessi raawwatutti teessoon jireenya idilee guddifataa/ttuu maqaa/lakkoofsa Naannoo, godina/Bulchinsa Magaalaa, Magaalaa, kutaa Magaalaa, Aanaa/Aanaa Addaa fi Gandaatu galmaa'a. Teessoo jireenya idilee Itiyoopiyaan ala yoo ta'e maqaa biyyaatu galmaa'a.

73. Haala Gaa'elaa

Wayita guddifata fudhatetti haala gaa'ela galmeessisaa ilaalchisee ragaa dhiyeeffatuu/ttu irraa ilaaluun yoo fuudhe/te ta'e ***"Kan fuudhe/heerumte"*** yoo hin fuudhiin ***"Kan hin fuune/heerumne"*** kan hiike yoo ta'e ***"kan hike/hiikte"***, abbaan warraa/haati warraa kan jalaa duute/du'e yoo ta'e ***"Kan jalaa duute/du'e"***, ykn gaa'ela osoo hin raawwatiin akka haadha warraa fi abbaa warraatti kan waliin jiraatan yoo ta'e ***"akka haadha warraa fi abbaa warraatti kan waliin jiraatu"*** jedhamee galmaa'a.

74. Amantaa

Amantaan guddifachaa fudhataa yookin miseensaa dhaabbata amantaa hordofu gaafatamee galmaa'a. Amantaa kamiyyuu kan hin hoordofne yoo ta'ee **"kan hin qabnee"** jedhamee galmeeffama.

75. Saba

Sabummaan guddifachaa fudhataa gaafatamee tarreeffama duuka buutu waamama sabummaa lakk. 01 waliin wal bira qabamuun galmaa'a. Guddiffacha kan fudhatee lammii biyya alaa yoo ta'e, waraqaa eenyummaa biyyoolessaa/jiraataa/paaspoortii irraa ilaalame galmaa'a. / waraqaa eenyummaa biyyooleessa/Jiraataa/paaspoortii irratti sabummaa kan hin ibsamne yoo ta'e, mallattoo (-) bira darbama.

76. Haala Barnootaa.

Haala barnootaa wayita walii galteen guddifannaa mirkanaa'e barreessuufi dubbisuu ykn sadarkaa barnoota ol'aanaa guddifachaa fudhataan xumure gaafachuun tarreeffama duuka buutuu sadarkaa barnootaa lakk. 02 waliin wal bira qabamee galmaa'a.

77. Akaakuu Hojii

Wayita guddifachaan mirkanaa'etti akaakuu hojii idileen isaan hojettan gaafachuun galma'a. Hojii tokkoo ol qabu yoo ta'e hojii isaan yeroo dheeraa irratti dabarsaan gaafachuun galmaa'a.

78. Mallattoo

1.Mallattoon kamiyyuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.

2. Namni barreeffamaan mallatteesuu hin dandeenye ashaaraa qubaatin mallateesuu qaba.

3.Ashaaraa qubaan mallatteesuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumitti ibsamee bakka ragooleen jiranitti Qondaalli Galmee Kabajaa mallatteessa.

Kutaa Xiqqaa Ja'a

Guddiffachaa mana murtitiin kan mirkana'ee ilaalchisee

79. Maqaa mana murtii mirkaneesse

Garagalchaa waliigaltee manii murtii guddiffachaa mirkaneesse irraa ilaaluun ni galmaa'a.

80. Teessoo/Iddoo mana Murtii

Garagalchaa waliigaltee manii murtii guddiffachaa mirkaneesse irraa ilaaluun ni galmaa'a.

81. Guyyaa guddiffachaan itti mirkana'ee Ji'a, Guyyaa fi Bara

Manii murtii walii galtee guddiffachaa mirkaneesse ji'aa, guyyaa fi bara garagalchaa manii murtii waliigaltichaa mirkaneesse irraa ilaaluun kan galmeeffamuu yoo ta'uu,maqaan ji'aa jechaan, guyyaan ammoo lakkoofsa dijiitii lamaan fi barri lakkoofsa dijiitii afuriin galmaa'a.

82. Lakkoofsa Galmee Mana Murtii;

Lakkoofsii galmee mana murtii garagalchaa murtee manii murtichaa guddiffacha mirkaneesse irraa ilaaluun ni galma'aa.

Kutaa Xiqqaa Torba

Qondaala Galmee Kabajaa Ilaalchisee

/Unkaa Galmee Kabajaa Guddifachaa Kutaa VI Irratti Kan Guutamu/

83. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu

Maqaa, maqaa abbaa fi maqaan akaakayyuu duraa duubaan ni galmaa'a.

84. Kan Galmeeffame Jia, Guyyaa fi Bara

Ji'aa galmeessi guddifachaa itti galmaa'e jechaan, guyyaan lakkoofsa dijiitii lamaan fi barri lakkoofsa dijiitii afuriin galmaa'a.

85. Mallattoo

Qondaalli galmee kabajaa mallattoo isaa ni mallatteessa.

BOQONNAA SADDEET

Galmeessa Abbummaa Mana Murtiin Beekuu fi Mucummaa Fudhachuu

86. Abbummaa Mana Murtiin Beekuu Keessatti Haal-Dureewwan Galmeessistoonni Guutuu Qaban

1. Waraqaan eenyummaa biyyooleessaa /jiraataa ykn paaspoortii galmeessisaan qabate qaamaan dhiyaachuu qaba.
2. Galmeesissaan murtee mana murtiitiin murta'ee qabate dhiyyaachuu qaba.

87. Galmeessa Abbummaa mana murtii beekuu

a. Dhalooti daa'imaa armaan dura galma'ee kan jiru yoo ta'ee, murtee abbummaa mana murtiin beekuu bu'uuraa godhachuun odeeffannoon abbaa fi akaakayuu da'immichaa ilaalchisse ragaa duraan galmeeffamee murtee mana murtitiin bu'uuraa godhachuun galmeeffama.

b. Dhalooti daa'imaa armaan dura galmee kabajaa irratti kan hin galmoofnee yoo ta'ee, dhalootichii akkatummaa qajeelfama galmeessa dhaloota bu'uura godhachuun galmaa'a.

Kutaa xiqaa lamaa

Mucummaa Fudhachuu

88. Haal-duree

1. Abbaan dhalche fuula qondaala galmee kabajaa duratti dhiyaatee mucaa kooti jedhee jecha isaa kennu qaba;
2. Dhaamoo mana murteetiin murta'ee yoo dhiyaatee fi abbaan daa'imaa kan du'ee ykn eeyyamamaa ta'uu isaa kennuu kan hin dandeenye ta'ee maatii abbaa keessa tokko maqaa isaatiin daa'imicha yoo fudhatee fi haati daa'imaa abbummaa fudhataa amantee fudhachuu qabdi.
3. Daa'imichi umrii gaa'elaaf kan ga'e/geesse yoo ta'ee, abbummaan muucaa fudhachuu kan galmaa'u mucaan abbummaa yoo fudhate dha.
4. Mucaan umrii gaa'elaaf kan hin geenyee yoo ta'eellee mucaa kootii jedhee jecha isaa kennuu kan danda'uu abbaa qofaa.
5. Karaa Bakka bu'aa jechaa isaa kan kennuu yoo ta'ee ragaan bakka bu'uumaa addaa mana murtitiin ragaa'e dhiyaachuu qaba.
6. Haati daa'imaa dhugummaa abbummaa fudhataa daa'imaa amantee yoo fudhatte malee qoondaalii galmee kabajaa galmeessuu hin qabu.
7. Qoondaalii galmee kabajaa abbummaa mucummaa fudhachuu galmeessuuf guyyaa abbaan gaaffii dhiyyeesse irraa calqabee guyyaa 30'f beeksisa maxxansuun mormiin kan irratti hin dhiyyaanne yoo ta'e taaticha ni galmeessa.
8. Abbaan daa'imaa kan du'aan du'e ykn eeyyama isaa kennuu kan hin dandeenyee yeroo ta'ee maatii abbaa keessaa namnii tokko maqaa isaatiin mucaa kiyyaa jedhee qoondaala galmee kabaajaatiif jechaa isaa kennuu danda'a.

9. Haatii daa'imaa kan duute ykn eeyyama ishee ibsuu kan hin dandeenyee ta'ee yoo argamee maatii haadhaa daa'imaa keessaa namni tokko jecha amantaa kennuu danda'a.
10. Maatiin haadhaa daa'imaa yoo hin jiraatiin ta'ee maatii biroo gara oliitti lakka'aman ykn nama mana murtitiin bulchuu dhorkamee yaada amantaa kennuu danda'a.
11. Abbummaa qondaala galmee kabajaa fuulduratti namni fudhachuuf dhiyaatu guyyaa dhiyaate irraa kaasee yeroo hangaa guyyaa 30 keessatti komiin mucaa kiyya jedhuu yoo hin dhiyaatin galmeen ni raawwata.

89. Waraqaa Deeggarsaa

Namnii tokko qoondaala galmee kabajaa biratti dhiyaachuun abbaa ta'uu ibsuun jechaa kennu ykn dhaamoo barreeffamaa taasisu ykn sanadaa qaama Aangoo seerummaa qabuun mirkana'ee dhiyaate bu'uureffachuun abbaa ta'uu ibsuun mucummaa fudhachuu ni danda'a.

90. Galmeessa Abbummaa fudhachuu

a. Dhalooti daa'imaa armaan dura galmee kabajaa dhalootaa gubbaatti kan galmeeffame yoo ta'e; odeeffannoon abbummaa mana murtiin beekuu mirkana'ee bu'uura godhachuun abbaafi akaakayyuu muucaa ilaalchissee galmee armaan duraa taasifamee bifaa haraatiin irraa deebi'amee galmaa'a.
b. Dhalooti daa'imaa armaan dura qoondaala galmee kabajaatiin hin galmoofnee yoo ta'ee dhaloootichi akkaatummaa qajeelfamaa galmee dhaloota bu'uura godhachuun galmaa'a.

BOQONNAA JAHAA

Galmeessa Gaa'elaa

Kutaa xiqaa Tokko

Haal- Dureewwan fi Ragaawwan Deggersaa Wayita Galmeessa Gaa'elaatti Guutamuu Qaban

91. Haal-Dureewwan

1. Wal fuutoonni lamaan guyyaa gaa'ela isaanii raawwachuuf murteeffatan yoo xiqqaate ji'a tokko dursanii qondaala galmee kabajaa beksisuu qabu. Kuni gaa'ela karaa sirna aadaa fi amantaan raawwatamu hin ilaallatu.
2. Qondaallii galmee kabajaa guyyaa gaa'elli raawwatu wal fuutota waliin erga irratti dubbateen booda borumtaa isaa guyyaa gaa'ellii raawwatu ibsuun iddoo ifa ta'etti beeksisa guyyaa 15f turu ni baasa.
3. Beeksisi kun guyyaa ba'ee irraa eegalee guyyoota 15 jiran keessatti mormiin kan jiru yoo ta'e barreeffamaan dhiyaachuutu irra jiraata. Mormii dhiyeessuu kan danda'anis maatii wal fuutotaa, abbaa alangaa, guddistoota ykn nama gaa'ela waliinan qaba jedhu ta'uu qaba.
4. Qondaallii galmee kabajaa komii dhiyaataniif guyyoota 5 gidduutti murtii itti kennee isaan beksisuu qaba.
5. Dhiirris ta'e dubartiin umuriin isaani waggaa 18 osoo hin guutiin gaa'elaa raawwachuu hin danda'an.
6. Yoo rakkoon ulfaata wal futtoota muudatee ykn isaan keessa maatiin tokkoo ykn gaaffii guddistoota dhiyyeessan bu'uura godhachuun mana murtii aangoon seeraan isaaf kenname wayita hayyametti umurii seeraan ta'e jiru sana irraa waggaa lama kan hin caallee hir'isanii gaa'ela raawwachuu danda'u.
7. Akkaatuma seerri dhorkee jiruun firooma foonii kan qaban lamaan gidduutti gaa'ela raawwachuuun dhorkaadha.
8. Gaa'elli akka hin raawwatamneef manni murtii barreeffamaan kan beeksise yoo ta'e qondaalli galmee kabajaa gaa'elicha hin galmeessu .
9. aa'illii raawwatamuu kammiyyuu seera maatii Feederaalaa fi Naannoolee bu'uuraa godhachuun raawwatamuu qaba

10. Gaa'elli karaa aaddaatiin raawwatame yoo ta'ee ammoo gaa'ilichii kan raawwatamuu aadaa Naannoo ishee ykn isaatiin ykn wal futtoota lamaan keessa sirnaa aadaa isaani tokkoon ta'uu qaba.
11. Dubartiin takkaa erga gaa'ela jigsitee booda guyyaan seeraan ta'ee osoo hin darbiin gaa'ela biro uumachuu hin dandeessuu
12. Gaa'elii raawwatamee kan jedhamuu wal fuutonni lamaan ifaafi amantaa guutuudhaan yaada isaani kennanii dha.
13. Ragoonii Kara misirrichaa 2, karaa misirritiin 2 walumaagalatti ragoonni 4 dhiyyaachuu qabu.

92. Ragaawwan Deggersaa.

a. Wal fuutonni waraqaa eenyumma jiraataa kan haaromsame ykn waraqaa eenyummaa biyyooleessa ykn paaspoortiin ykn waraqaa eenyummaa ittisa biyyaa ykn baqatoota ta'uu kan ibsuu ykn hayyama jireenyaa ykn waraqaa eenyummaa bulchiinsa sadarkaa gaditiin kennamee dhiyyaachuu qaba.
b. Gaa'elichii kan raawwatamuu iddoo jireenyaa idilee maatii ykn firootan isaanii yoo ta'ee, waraqaan eenyummaa jiraata/ biyyooleessa maatii ykn firootanii ykn waajjira bulchiinsa sadarkaa gadiitiin kennamee qabatanii dhiyyaachuu qabu.
c. Wal futoonni naannoo kaappii/ proojaktiiti argamuuti waraqaa eenyummaa jiraata hin qabaanne yoo gaa'elaa galmeesisuu barbaadan waajjira bulchiinsaa projeektii/ warshaa argamuu irraa galmeesitoota/galmeessaan hojjata kaappii/proojeektii ta'uu ragaa ibsuu dhiyeessuun galmaa'uu danda'a.
d. Ragooleen walfuutotaa waraqaa eennyummaa jiraataa/biyyoolessaa/ paaspoortii ykn waraqaa eenyummeessa Ittisa biyyaa ykn ragaa eenyummaa isaanii ibsuu dhiyeessuu qabu
e. Misirrichi/ttiin armaan dura fuudhee/heerumtee/ kan hiike/te yoo ta'e waraqaan ragaa hiika gaaa'elaa dhiyaachuu qaba.

f. Wal fuutoonni suuraa gabaabaa isaanii kan ji'a ji'aa asitti yeroo tokkicha ka'anii fi 3x4 ta'e lama lama dhiyeeffachuu qabu.

g. Gaa'ela sirna amantaa fi aadaan raawwatamee ture tokko galmeessisuuf ragoolee ykn namoonni sirnicha irraatti argaman fuula qondaala galmee kabajaatti dhiyaatanii mallattoo isaanii teechisuu qabu.

h. Wal fuutonni lamaan waraqaa ragaa dhalootaa yoo fudhatanii turan dhiyeessuu qabu.

93. Duraa Duuba Raawwii Gaa'elaa Fuldura Qondaala Galmee Kabajaatti Raawwatamuu

a. Qondaalli galmee kabajaa haal-dureewwanii fi ragooleen deegarsaa barbaachisan hundi guutamuu isaa ni mirkaneeffata.

b. Gaa'elichi wal fuutonni lamanii fi tokkoon tokkoon isaanii ragoolee lama lamaa bakka argamanitti ifatti kan raawwatamu ta'a.

c. Walfuutoonni fi ragooleen isaanii jecha kakuu kennuun duratti jechi isaan kennan kun kan itti gaafatamummaa qaqqabsiisu ta'uu isaa qondaalli galmee kabajaa ifatti hubachiisuu qaba.

d. Walfuutoonnii fi ragooleen gaa'elaa raawwatamuuf haaldureewwan guutamuu qaban cabsuu dhabuu isaanii kakuu jachaan barreeffamuu isaa ni mirkaneessa.

e. Walfuutoonni lamaanii fi ragooleen galmee kabajaa irratti mallatteessuu qabu

f. Qondaalli galmee kabajaa wal fuutoonni lamaan gaa'ela seera qabeessa ta'een kan walitti hidhaman ta'uu hubachiisuun waraqaa raga gaa'elaa ni kennaaf.

Kutaa Xiqqaa Tokko

Lakkaddaa

94. Lakkoofsa Unkaa Galmee Kabajaa Gaa'elaa

Lakkoofsi unkaa galmee kabajaa gaa'elaa wayita maxxansaatti lakkoofsa unkichaaf kennameedha.

95. **Lakkaddaa Waajjira Galmeessaa**

Tarreeffama koodii Ejansiin Federaalaa naannoolee waliin walii ta'uun baasu bu'uureffachuun galmaa'a.

96. **Lakkaddaa Galmeessa Gaa'elaa**

Lakkaddaa waajjira galmeessaa Keewwata 95 jalatti galmeeffame, bara galmeessichaa lakkoofsan ta'ee dijiitii aafuriin fi tartiiba lakkoofsa gaa'elichaa lakkoofsan ta'ee dijiitii afuriin duraa duubaan galmaa'a.

97. **Lakkaddaa Galmeessa Dhalootaa Misirrootaa**

Dhalootni bu'uura labsii lakkoofsa 760/2004 tiin kan galmaa'e yoo ta'e lakkaddaa galmeessa dhaloota misirrootaa waraqaa ragaa dhalootaa irraa fudhatamee galmaa'a. Ta'us lakkaddaa waraqaa ragaa dhalootaa hoji-maata duriin kenname hin ilaallatu.

Kutaa Xiqqaa sadi

Iddoo Galmeessaa

98. **Naannoo**

Maqaa Naannoo gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a.

99. Godina /Bulchiinsa Magaalaa

Maqaa/lakkoofsa godinaa yookin bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a. Bulchiinsa magaalaa kan jedhaman magaalota sadarkaa godinaatti argamaniidha.

100. **Magaala**

Maqaa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a. Ganda baadiyyaa yoo ta'e mallattoo sarara xiqqaatiin(-) bira darbama.

101. **Kutaa Magaalaa**

Maqaa/lakkoofsa kutaa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a

102. **Aanaa/Aanaa Addaa**

Maqaa/lakkoofsa aanaa /aanaa addaa/ bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a.

103. **Ganda**

Maqaa/lakkoofsa gandaa galmeessi irratti adeemsifamaa jirutu galmaa'a.

Kutaa Xiqqa Sadii
Misirroota Ilaalachisee

104. **Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu**

Maqaa, maqaa abbaa fi maqaan akaakayyuu waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii irraa fudhatamee galmaa'a.

105. **Lammummaa**

Lammummaan waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii yookin waraqaa dhalataa Itiyoophiyaa ta'uu ibsuu yookin eeyyama iddoo jireenyaa irraa ilaalamee galmaa'a.

106. **Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyoolessaa /Jiraataa**

Lakkoofsi waraqaa eenyummaa biyyoolessaa, jiraataa yookin paaspoortii waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa/ paaspoortii irraa fudhatamee galmaa'a.

107. **Ji'a, Guyyaa fi Bara Dhalootaa**

Maqaan ji'aa dhalootaa jechaan, guyyaan lakkoofsan ta'ee dijiitii lamaan fi barri lakkoofsan ta'ee dijiitii afuriin galmaa'a.

108. **Iddoo Dhalootaa/Biyya**

Iddoon dhalootaa godina /bulchiinsa magaalaa sadarkaa godinaa fi aanaa /aanaa addaa yookin kutaa magaalaa sadarkaa aanaatu maqaan/lakkoofsan galmaa'a. Biyyi dhalootaa Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaa Biyyichaatu galmaa'a.

109. **Teessoo Jireenya Idilee/Biyya**

Wayita galmeessaa walfuutotni, maatiin walfuutotaa fi firoottan walfuutotaa bakki itti argaman naannoo/ bulchiinsa magaalaa, godina/bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, aanaa/aanaa addaa fi gandatu maqaan/lakkoofsan galmaa'a. Teessoon jireenya idilee Itiyoophiyaan ala yoo ta'ee maqaa biyyichaatu galmaa'a.

110. **Haala Gaa'elaa**

Wayita gaa'elli raawwatutti haala gaa'elaa isaanii duraa gaafachuun kan fuudhan yoo ta'e, ***"Kan heerumte/fuudhe"***, kan hin fuudhin yoo ta'e,***"kan hin heerumne/hin fuune"***, kan wal hiikan yoo ta'e ***"kan hiikte/hiike"***, gaa'ela duraanii du'aan kan adda bahan yoo ta'e, ***"kan jalaa du'e/duute"***, yookin gaa'ela osoo hin raawwatiin akka haadha warraa fi abbaa warraatti kan waliin jiraatan yoo ta'e ***"akka haadha warraa fi abbaa warraatti kan waliin jiraatu/ttu"*** jedhamee galmaa'a.

111. **Amantii**

Misirrootni wayita gaa'ela raawwatanitti amantii yookin miseensummaan dhaabbata hafuuraa hordoftanii gaafatamee galmaa'a. Amantii hin qabu yoo jedhan ***"Kan hin qabne"*** jedhamee galmaa'a

112. **Sabummaa**

1. Walfuutotni Itiyoophiyaanota yoo ta'an sabummaan gaafatamee tarreeffama duuka buutuu lakkoofsa 01 waliin ilaalamee galmaa'a.

2. Walfuutotni lammii biyya alaa yoo ta'an sabummaan walfuutota gaafachuun galmaa'an

113. **Haala Barnootaa.**

Walfuutotni gaa'ela wayita raawwatanitti barreessuu fi dubbisuu danda'uu yookin sadarkaa barnoota ol'aanaa xumuran gaafatamee tarreeffaman duuka buutuu sadarkaa barnootaa lakkoofsa **02** waliin ilaalamee galmaa'a.

114. **Akaakuu Hojii**

Walfuutotni wayita gaa'ela raawwatanitti akaakuu hojii idilee hojjetan gaafachuun galmaa'a. Akaakuu hojii tokkoo ol kan qaban yoo ta'e,akaakuu hojii yeroo isaanii baay'ee irratti dabarsanitu gaafatamee galmaa'a.

115. **Mallattoo**

1. Mallattoo kamiyyuuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.
2. Barreeffamaan mallatteessuu namni hin dandeenye ashaaraa quba isaatin mallatteessuu qaba.
3. Ashaaraa qubaan mallatteessuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumti ibsamee ragaan bakka jirutti qondaalli galmee kabajaa mallatteessa.

Kutaa Xiqqa Afur
Gaa'elicha Ilaalachisee

116. **Ji'a, Guyyaa fi Bara Itti Raawwatame**

Gaa'elichi yeroo itti raawwatame ji'aa jechaan, guyyaan lakkoofsan ta'ee dijiitii lamaan fi barri lakkoofsan ta'ee dijiitii afuriin galmaa'a.

117. **Sirna Gaa'elli Ittiin Raawwatame**

Wal fuutonni sirna gaa'elaa kamiin akka walfuudhan ragaa dhiyeessan irraa ilaaluun sirna gaa'elichaa ***Siviilii yookin kan Aadaa yooki***n ***kan Amantii*** jedhamee galmaa'a.

Kutaa Xiqqa Shan

Ragoota Misirroowwanii Ilaalachisee

118. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akkakayyuu

Maqaa, maqaa abbaa fi maqaan akkakayyuu waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii isaanii irraa ilaalamee galmaa'a.

119. Teessoo Jireenya Idilee

Teessoon jireenya idilee ragootaa maqaa/lakkoofsa naannoo /bulchiinsa magaalaa, godina /bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, aanaa /aanaa addaa fi gandaatu galmaa'a.

120. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyoolessaa /Jiraataa

Lakkoofsi waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii, waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii irraa fudhachuun galmaa'a.

121. Mallattoo

1. Mallattoo kamiyyuuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.
2. Barreeffamaan mallatteessuu namni hin dandeenye ashaaraa quba isaatin mallatteessuu qaba.
3. Ashaaraa qubaan mallatteessuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumti ibsamee ragaan bakka jirutti qondaalli galmee kabajaa mallatteessa.

Kutaa Xiqqaa Jaha

Qondaala Galmee Kabajaa Ilaalchisee

122. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu

Maqaa, maqaa abbaa fi maqaan akaakayyuu duraa duubaan isaanitiin galmaa'a.

123. Ji'a, Guyyaa fi Bara Itti Galmeeffame

Maqaan ji'aa gaa'elli itti raawwatee jechaan, guyyaan lakkoofsan ta'ee dijiitii lamaan fi barri lakkoofsan ta'ee dijiitii afuriin galmaa'a.

124. **Mallattoo**

Qondaalli galmee kabajaa mallattoo isaa ni mallatteessa.

Kutaa Torba

Galmeessa Hiika Gaa'elaa

Kutaa Xiqqaa Tokko

Haal- Dureewwan Fi Ragaawwan Deggersaa Wayita Galmeessa Hiika Gaa'elaatti Guutamuu Qaban

125. **Haal-Dureewwan**

1. Galmeessisaan hiika gaa'elaa bakka bu'aa yoo ta'e ragaa bu'ummaa seera qabeessa dhiyeessuu qaba.
2. Ragaan wal hiiktotaa garagalcha murtee mana murtii irraa fudhatamee galmaa'a; ta'ees ragaan hin guutin yoo jiraate galmeessistoonni yeroo garagaraa kan dhufan yoo ta'es gaafatamee guutama.

126. **Ragawwan Deggersaa**

1. Hiikni gaa'elaa mana murtii aangoo qabuun raawwatamuu isaa kan ibsu galagalchi murtee mana murtii dhiyaachuu qaba.
2. Galmeessisaan wayita hiika gaa'elaa galmeessisuuf dhufu waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin bulchiinsa gandaa isa sadarkaa gadii irraa jiraataa idilee ta'uu isaa kan ibsa xalayaa deeggarsaa yookin ragaa baqattummaa ibsu yookin eeyyama jiraachuu yookin waajjira hojjetu irraa hojjetaa waajjirichaa ta'uu kan ibsu xalayaa deeggarsaa fi waraqaa eenyummaa mana hojichaa yookin waraqaa eenyummaa raayyaa ittisa biyyaa dhiyeessuu qaba.

3. Galmeessistiinni bulchiinsa ganda Kaampii/pirojeektiin keessatti argamu keessa jiraatanii fi waraqaa eenyummaa jiraataa hin qabne hiika gaa'elaa galmeessisuu yoo barbaadan kaampichi/ pirojeektichi/warshichi bulchiinsa gandaa sana keessatti kan argamuu isaa mirkaneessuun galmeefamtoonni ykn galmeessistoonni hojjattoota kaampii/ pirojeektii/warshaa sanaa ta'uu kan ibsu ragaan wayita dhiyeessan galmaa'uu danda'u
4. Hiikan gaa'elaa kan galmeeffamu bakka bu'aadhan yoo ta'e waraqaan ragaa bakka bu'ummaan hiikaa gaa'elaa dhiyaachuu qaba.
5. Waraqaan ragaa gaa'elaa dursa gaa'ela hiikkatee kanaaf kenname kan jiru yoo ta'e deebi'uu qaba.

Galmeessa Tarreeffama Odeeffannoo Unkaa Galmee Kabajaa Hiika Gaa'elaa

Kutaa Xiqqaa Lama

Lakkaddaa

127. **Lakkoofsa Unkaa Galmee Kabajaa Hiika Gaa'elaa**

Lakkoofsi unkaa galmee kabajaa hiika gaa'elaa wayita maxxansaatti lakkoofsa unkichaaf kennameedha.

128. **Lakkaddaa Waajjira Galmeessaa**

Tarreeffama koodii Ejansiin Federaalaa naannoolee waliin walii ta'uun baasu bu'uureffachuun galmaa'a.

129. **Lakkaddaa Galmeessa Hiika Gaa'elaa**

Lakkaddaa waajjira galmeessaa Keewwata 128 jalatti galmeeffame, bara galmeessaa lakkoofsa dijiitii aafuriin fi tartiiba lakkoofsa gaa'elichaa lakkoofsa dijiitii afuriin ta'ee duraa duubaan galmaa'a.

130. **Lakkaddaa Galmeessa Dhalootaa Wal Hiiktotaa**

Dhalootichi bu'uura labsii lakkoofsa 760/2004 tiin kan galmaa'e yoo ta'e lakkaddaan galmeessa dhalootaa walhiiktotaa waraqaa ragaa dhaloota irraa fudhatamee galmaa'a.

Kutaa Xiqqaa Sadi

Iddoo Galmeessaa

131. **Naannoo/Bulchiinsa Magaalaa**

Maqaa naannoo gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a. Bulchiinsa Magaalaa yoo jedhamu bulchiinsa magaalaa Finfinnee fi Dirre Dawaadha.

132. **Godina /Bulchiinsa Magaalaa**

Maqaa/lakkoofsa godina yookin bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a. Bulchiinsa magaalaa kan jedhaman magaalota sadarkaa godinaatti argamaniidha.

133. **Magaala**

Maqaa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamuutu galmaa'a. Ganda baadiyyaa yoo ta'e mallattoo (-) bira darbama.

134. **Kutaa Magaalaa**

Maqaa/lakkoofsa kutaa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a

135. **Aanaa/Aanaa Addaa**

Maqaa/lakkoofsa aanaa /aanaa addaa/ bulchiinsa magaalaa gandi galmeessi itti adeemsifamaa jiru keessatti argamutu galmaa'a. Bulchiinsa magaalaa jechuun sadarkaa aanaa/aanaa addaatti bulchiinsa magaalotaa jiran ilaallata.

136. **Ganda**

Maqaa/lakkoofsa ganda galmeessi irratti adeemsifamaa jirutu galmaa'a.

Kutaa Xiqqaa Afur

Walhiiktota Ilaalchisee

137. Maqaa, Maqaa Abbaafi Maqaa Akaakaayyuu

Maqaa,maqaa abbaafi maqaa akaakayyuu Waraqaa Eenyummaa Biyyoleessaa/ Jiraataa ykn paspoortii irraa walduraa duuban ilaaluun galmeeffama.

138. Lammummaa

Lammuumman Waraqaa Eenyummaa Biyyoleessaa/Jiraataa ykn paspoortii irraa ilaaluun galmeeffama.

139. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyoleessaa/Jiraataa

Lakkoofsi waraqaa eenyummaa biyyoleessaa/jiraataa ykn paspoortii waraqaa eenyumaa biyyoleessaa/ jiraataa/paspoortii irraa fudhachuun galmeeffama.

140. Ji'aa, Guyyaafi Bara dhalootaa

Maqaan ji'aa jechaan, guyyaan dijiitii lamaan fi barri dijiitii afuriin lakkoofsan barreeffamuun galmeeffama.

141. Biyyaa/Iddoo dhalootaa

Iddoon dhalootaa godinaa/ kutaa magaalaa/fi Aanaa/ Maqaa addaa aanaa/ lakkoofsan galmeeffama.

142.Biyyaa/Iddoo Jireenya Idilee

Iddoon jireenyaa idilee walhiiktonni yeroo hiikicha raawwatan bakka jiraatanitti Naannoo/Bul/Magaalaa,Godinaa,Bul/Magaalaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa/ Aanaa Addaa/fi Maqaa Gandaa/Lakkoofsaa galmeeffama. Biyya idileen jiraatan Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaa biyyaa ni galmeeffama.

143. Saba

Sabummaan ibsa duuka buutuu maqaa sabaa lakk.01 waliin ilaaluun galmeeffama.

144. Amantaa

Walhiiktonni yeroo hiikaa gaa'ela raawwatan amantaan ykn miseensa dhaabbata amantaa hordofan gaaffachuun galmaa'a. Amantaa hin qabnu yoo jedhan **kan hin qabne** jedhamee galmaa'a.

145. Haala Barnootaa

Walhiiktonni yeroo hiikicha raawwatan haala dubbisuu fi barreessuu ykn sadarkaa barnoota olaanaa xumuran gaafatamee ibsa sadarkaa barnootaa duuka buutuu lakk. 02 waliin ilaaluun galmeeffama.

146. Gosa Hojii

Walhiiktonni yeroo hiika raawwatan gosa hojii idileen hojjetan gaaffachuun galmeeffama. Gosa hojii tokko ol kan qaban yoo ta'an gosa hojii yeroo baay'ee hojjetan gaaffachuun galmeeffama.

147. Mallattoo

Walhiiktonni barreeffaman ykn ashaara qubaan mallatteessu.

Kutaa Xiqqaa Shan

Hiikaa Gaa'elaa Ilaalchisee

148. Bara, Guyyaa fi Ji'a Raawwatamiinsa Gaa'ela Hiikame

Iddoo Gaa'elli hiikame itti raawwatee maqaa ji'aa jechaan, guyyaa lakkoofsa dijiitii lamaan fi bara lakkoofsa dijiitii afuriin ta'ee waraqaa ragaa gaa'elaa irraa

ilaaluun galmeeffama. Waraqaan ragaa gaa'elaa yoo hin argamne galmeessisaa gaaffachuun galmeeffama.

149. Iddoo Raawwatiinsa Gaa'ela Hiikamee

Iddoo raawwatiinsa gaa'elli hiikame Naannoo/Bul/magaalaa, Godina/Bul/magaalaa, magaala, kutaa magaalaa, Aanaa/ aanaa addaa fi Maqaa gandaa/Lakkoosa waraqaa ragaa gaa'elaa irraa ilaalun galmeeffama.Waraqaan ragaa gaa'elaa yoo bin argamne galmeessisaa gaafachuun galmeeffama.

150. Sababa Hiikichaa

Sababni hiikichaa murtii manni murtii kenne qofa irra fudhatamee galmeeffamu qaba.

151. Raawwatinsa hiikichaa Ji'a, Guyyaa fi Bara

Raawwatinsa hiikichaa maqaa ji'aa jechaan, guyyaa dijiitii lamaan fi bara dijiitii afuriin lakkoofsan ta'ee ragaa garagaalchaa murtii mana murtii irraa ilaalun galmeeffama.

152. Maqaa mana murtii murteessee fi lakkoofsa Galmee Mana Murtii

Maqaa mana murtii murteessee fi lakkofsa galmee mana murtii ragaa garagaalchaa murtii hiikaa mana murtii irraa ilaaluun galmeeffama.

153. Baay'ina Ijoollee Hiikaa Gaa'ela keessatti Bulaa Turan

Umriin isaanii waggaaa 18 gadii kan ta'an walhiiktonni jalatti baay'ina ijoollee bulaa turan qaama hiikichaa galmeessisu gaaffachuun jechaan galmeeffama.

Kutaa Xiqqaa Ja'aa

Qondaala Galmee Kabajaa Ilaalchisee

154. Maqaa, Maqaa Abbaa, fi Maqaa Akaakayyuu

Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu qondaala galmee kabajaa walduraa duuban galmeeffama.

155. Ji'a, Guyyaa fi Bara Galmeeffame

Hiikan Gaa'elaa galmeeffame maqaa ji'aa jechan, guyyaa dijiitii lamaa fi bara dijiitii afuriin ta'ee lakkoofsa barreffamee galmeeffama.

156. Mallattoo

Qondaalli galmee kabajaa mallattoo ni mallatteessa.

Kutaa Saddeet

Galmeessa Du'aa

Kutaa Xiqqaa tokko

Haal-dureewwaan fi Ragaalee Deeggarsaa Galmeessa Du'aaf barbaachisan

157. Ragaalee Deeggarsaa

1. Waraqaa biyyoleessaa/jiraataa ykn paspoortii ykn ragaa buqqatummaa agarsiisuu ykn eeyyama jiiraata yoo qabaate/tte dhiyeessuu qaba.
2. Galmeessisan waraqaa eenyummaa isaa ibsu kan yeroon irra hin dabarre dhiyyeessuu qaba.
3. Poolisiin du'a galmeessisu waraqaa eenyummaa/ragaa isaa ibsu dhiyeessuu qaba.
4. Duuti galmeeffamu sababa murtii nama dhuunfaa badee yoo ta'ee murtii mana murtii warraabbiin sirrii dhiyaachuu qaba.
5. Galmeessa du'aa yeroon galmeessaa irra darbe sababa umamuu du'aa ragaan barreeffamaa ibsu dhiyaachuu qaba.

6. Ragaan kan dhiyaatu afoosha, mana amantaa kiristaanaa, mana amantaa musiliimaa fi kkf irraa ta'a.

Kutaa Xiqqaa lama

Haala Galmeessa Ragaa ibsa waraabbii galmee kabaja du'aa

Lakkoofsa Addaa

158. **Lakkoofsa Uunka Gamlee Kabaja Du'aa**

Lakkoofsi uukaa galmee kabaja du'aa lakkoofsa uunka yeroo maxxansaa kennamuudha.

159. **Lakkoofsa addaa Wajjira Galmeessaa**

Ejensiin qaama seera qabeessa Naannoo waliita'uun bu'uura koodii ibsa baasuun galmeeffama.

160.Lakk addaa Galmeessa Du'aa

Keeyyata olii 159 lakkoofsa addaa waajjira galmeessaa irratti galmeeffame bara galmeessaa lakkoofsa dijiitii afurii fi tartiiba lakkoofsa adda du'ichaa dijiitii afuriin ta'ee lakkoofsan tartiiban walduraa duuban galmeeffama.

161. Lakkoofsa Addaa Galmeessa Dhalootaa

Dhalootichi labsii lakk. 760/2004 bu'uuran kan galmeeffame yoo ta'e lakkaddaa galmeessa du'ichaa waraqaa ragaa dhalootaa irraa fudhachuun galmeeffama.yaa ta'u malee haala hojii maata duraan lakkoofsa addaa waraqaaa ragaa kenname hin dabalatu.

Kutaa Xiqqaa sadi

Iddoo Galmeessaa

162. Naannoo

Maqaan naannoo ganda galmeessichi keessatti adeemsifamaa jirutu galmeeffama.

163.Godinaa/Bul/Magaalaa

Maqaan godinaa/Bulchiinsa magaalaa ganda galmeessichi keessatti adeemsifamaa jirutu galmeeffama. Bulchiinsa magaalaa jechuun sadarkaa bulchiinsa godinatti magaalota argaman.

164.Magaalaa

Maqaan magaala ganda galmeessichi keessatti adeemsifamaa jirutu galmeeffama. Ganda Baadiyyaa yoo ta'e mallattoo (-) bira darbama.

165.Kutaa magaalaa

Maqaan kutaa magaalaa/lakkoofsaa ganda galmeessichi keessatti adeemsifamaa jirutu galmeeffama.

166. Aanaa/Aanaa addaa

Maqaan Aanaa/Aanaa addaa/Bul/magaalaa ganda galmeessi keessatti adeemsifamaa jirutu galmaa'a.

167.Ganda

Maqaan gandaa/lakkoofsaa galmeessi keessatti adeemsifamutu galmeeffama.

Kutaa Xiqqaa Afur
Nama Du'e Ilaalchisee

168. Maqaa, Maqaa Abbaa fi Maqaa Akaakayyuu

Maqaa, Maqaa Abbaa fi MaqaaAkaakayyuu walduraa duuban waraqaa eenyummaa biyyoleessaa/jiraataa ykn paspoortii irraa ilaaluun ykn galmeesssisaa gaaffachuun galmeeffama.

169. Lammummaa

Lammummaan waraqaa eenyumaa biyyoleessaa/jiraataa ykn paspoortii irraa fudhachuun galmeeffama.

170. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyoleessaa/Jiraataa

Waraqaan eenyummaa du'ichaa ibsu yoo jiraate lakkoofsa irraa fudhachuun galmeeffama.

171. Gulantaa

Namni du'e osoo hin du'iin dura gulantaa waraqaa eenyummaa ykn galmeessisaa irraa gaaffachuun galmeeffama. Yaa ta'u malee du'ichi yoo du'u gulantaa kan hin qabne yoo ta'e mallaattoo sararaa(-) bira darbama.

172.Koorniyaa

Koorniyaa nama du'ee waraqaa eenyumaa ykn galmeessisaa gaafatamee dhiira yoo ta'ee dhiira dubartii yoo taate dubartii jechuun galmeeffama.

173. Umrii

Umriin nama du'ee waraqaa ragaa dhalootaa ykn waraqaa eenyumaa biyyolesssaa/ jiraataa ykn paspoortii irraa ilaaluun ykn galmeessisaa gaaffatamee waggaa xumaranii kan galmeeffamu ta'a. Yaa ta'u malee umriin du'ichaa:-

1. Waggaa 1 gadi yoo ta'e ji'ootan xumuran guutuu galmeeffama,
2. Ji'aa 1 gadi yoo ta'e guyyotan galmeeffama,
3. Guyyaa1 gadi yoo ta'e sa'aatiin galmeeffama.

174. Ji'a, Guyyaa fi Bara Dhalootaa

Maqaan dhalootaa ji'aa jechan, guyyaan dijiitii lamaan fi bara dijiitii afuriin lakkoofsan ta'ee waraqaa eenyummaa biyyoleessaa/jiraataa ykn paspoortii irraa fudhachuun galmeeffama.

175.Biyya/Iddoo Jireenya Idilee

Maqaa Naannoo/Bulchiinsa magaalaa,Godinaa/Bulciinsa magaalaa,Magaala, Kutaa magaalaa,Aanaa/Aanaa addaa fi gandaa/lakkoofsaa yeroo galmeessaa namni du'e bakka itti argamutu galmeeffama.Iddoon jireenyaa idilee Itiyoophiyaan ala yoo ta'e maqaa biyyaatu galmeeffama.

176. Haala Gaa'ela Nama Du'ee

Haala gaa'elaa yeroo du'ichi itti umame gaaffachuun kan fuudhan yoo ta'e "kan fuudhe/ heerumte", kan hin fuune yoo ta'e "Kan hin fuune/ heerumne", kan

walhiikan yoo ta'e " kan walhiike/walhiikte", Gaa'ela duraan du'aan kan adda bahan yoo ta'an " kan jalaa du'e/duute" ykn gaa'ela osoo hin raawwanne akka abbaa manaafi haadha kan jiraatan yoo ta'e "akka abbaa manaafi haadha manatti kan jiraatu/jiraattu" jedhame galmeeffama.

177. Amantaa

Namni du'e yeroo du'u Amantaa ykn miseensa dhaabbata amantaa hordofu galmeessisaa gaafatamee galmeeffama. Amantaa hin qabu yoo jedhan **" kan hin qabne/kan qabu**" jedhamee galmeeffama.

178. Saba

1. Namni du'e lammii Itiyoophiyaa yoo ta'e sabummaa galmeessisaa gaafatamee ibsa duuka buutu saba lakk.01 waliin ilaaluun galmeeffama.

2. Namni du'e lammii biyya alaa yoo ta'e sabummaa galmeessisaa gaafatamee galmeeffama.

179. Haala Barnootaa

Du'ichi yeroo du'u haala barreessuu fi dubbisuu ykn sadarkaa barnoota olaanaa galmeessisaa gaaffatamee ibsa barnootaa duuka buutuu lakk.02 waliin ilaaluun galmeeffama.

180. Gosa Hojii

Du'ichi yeroo du'u gosa hojii idilee hojjechaa ture galmeessisaa gaafachuun galmeeffama. Gosa hojii tokko ol kan qaban yoo ta'an gosa hojii yeroo baay'ee itti dabarsan/hojjetan gaaffachun galmeeffama.

181. Mallattoo

1. Mallattoon kamiyyuu barreeffaman mallatteeffamu qaba.

2. Namni barreeffaman mallatteessuu hin dandeenye ashaaraa qubaan mallatteesuu qaba.

3. Ashaaraa qubaan mallatteessuu hin danda'u yoo ta'e kun ibsame bakka ragaan jirutti qondaalli galmee kabajaa mallatteessa.

Kutaa Xiqqaa Shan

Du'a Ilaalachisee

182. Ji'aa Guyyaa Fi Bara Itti Raawwate

Duuti kan itti raawwate maqaan ji'aa jechaan, guyyaan lakkoofsa dijiitii lamaan fi barri lakkoofsa dijiitii afuriin galmaa'a.

183. Akaakuu Bakka /Jaarmiyaa Itti Raawwatee

1. Namni du'e kun lubbuun isaa kan darbe(duuti kan raawwate) dhaabbata fayyaa keessaatti yoo ta'eef waraqaa ragaa beeksisa du'aa dhaabbatichi kenneef irraa fudhatamee **"Maqaa dhaabbatichaa,** akaakuun isaa **(hospitaala, buufata fayyaa, kilinika, kellaa fayyaa)** fi abbaan qabeenyummaa dhaabbatichaa **(kan mootummaa /kan mootummaa kan hin taane/kan dhuunfaa) jedhamee galmaa'a.**
2. Namni du'e kun lubbuun isaa kan dabarte dhaabbata fayyaan alatti yoo ta'e, galmeessisan gaafatamee mana jireenyaa yookin mana jireenyaa walinii fi daandii irratti jedhame galmaa'a. Iddoowwan Kanaan alatti yoo ta'ees kunumti caqasamee galmaa'a.

184. Iddoo Itti Raawwatame/Biyya

Iddoon addaa duuti itti raawwate kan itti argamu maqaa/lakkoofsa naannoo /bulchiinsa magaalaa, godina /bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, aanaa /aanaa addaa fi gandaatu galmaa'an. Duuti kan raawwatee biyya alaatti yoo ta'ee maqaan biyyicha ni galmaa'a.

185. Sababa Du'aa

Sababni du'aa ragaa beeksisa du'aa dhaabbata fayyyaa irraa dhufu irraa qofa fudhatamee kan galmaa'u yoo ta'u:-

1. Unkaa galmee Kabajaa du'aa lakkoofsa 18(1) irratti kan guutamu ragaa beeksisa du'aa dhaabbata fayyaa irraa dhufe lakkoofsa 1ffaa irratti barraa'ee jiruu irraa fudhamee bakka duwwa kenname irratti galmaa'a.
2. Unkaa galmee Kabajaa du'aa lakkoofsa 18(2) irratti kan guutamu ragaa beeksisa du'aa dhaabbata fayyaa irraa dhufe lakkoofsa 2ffaa irratti barraa'ee jiruu irraa fudhamee bakka duwwa kenname irratti galmaa'a.
3. Unkaa galmee Kabajaa du'aa lakkoofsa 18(3) irratti kan guutamu ragaa beeksisa du'aa dhaabbata fayyaa irraa dhufe lakkoofsa 3ffaa irratti barraa'ee jiruu irraa fudhamee bakka duwwa kenname irratti galmaa'a.
4. Sababoota sadan armaan olitti tarreeffaman keessaa tokkoo kan hin guutamiin yoo ta'ee mallattoo (-) kaa'uun bira darbama.

186. Gosa Ragaa Sababa Du'aaf Kennamee

Gosni ragaa sababa du'aaf kenname ragaa dhaabbata fayyichaatiin kenname irraa fudhatamee galmaa'a. Gosa ragaa yoo jedhamu gaafii afaani(verbal autopsy) fi qoranno yaalaatiin ragaa argaamanee jechu dha.

187. Lakkoofsa Ragaa Sababa Du'aaf Kennamee

Lakkoofsi ragaa sababa du'aaf kennamee ragaa dhaabbata fayyaatiin kenname irraa fudhatamee galmaa'a.

188. Kan Duute Wayita Ulfaa /Da'umsa Irratti /Da'umsaan Booda Guyyoota 42 Jiran Keessatti dha? _____

1. Duuti kan raawwate wayita ulfaa yoo ta'eef **"Wayita ulfaa"**, kan duute da'umsa irratti yoo ta'eef **"Wayita da'umsaa"** ykn kan duutee da'umsa booda guyyoota 42 jiran keessatti yoo ta'eef **"Da'umsaan booda guyyoota 42 jiran Keessatti"** jedhamanii filannoowwan dhiyaatan sadan keessaa galmeessisaa gaafachuun filannoo sirrii ta'e jala sararuun iddoo duwwaa irratti **"Eeyyee"** jedhamee galmaa'a.
2. Kan duute sababoota lakkoofsa xiqqaa 1 irratti eeramaniin ala yoo ta'e garuu hoomtuu osoo jala hin sararamiin bakka duwwaa kenname irratti ***"Miti"*** jedhamee galmaa'a.

189. Bakka Sirni Awwaalchaa Itti Raawwatame

Iddoo addaa sirni awwaalchaa itti raawwatame galmeessisa gaafatamee kan galmaa'a.

Kutaa Xiqqaa Ja'a

Galmeessisaa Ilaalchisee

190. Maqaa Guutuu Galmeessisaa

Maqaan, maqaan abbaa fi maqaan akaakayyuu galmeessisaa waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa irraa fudhatamee galmaa'a.

191. Teessoo Jireenya Idilee

Teessoo jireenya idilee galmeessisaa maqaa/lakkoofsa naannoo /bulchiinsa magaalaa, godina/bulchiinsa magaalaa, magaalaa, kutaa magaalaa, aanaa /aanaa addaa fi gandaa waraqaa eenyummaa biyyooleessaa/jiraataa galmeessisaa irra fudhachun galmaa'a.

192. Firummaa Nama Du'e Waliin Qabu

Galmeessisaan firummaa nama du'e waliin qabu gaafatamee galmaa'a.

193. Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa Biyyoolessaa /Jiraataa

Lakkoofsi waraqaa eenyummaa biyyoolessaa /jiraataa yookin paaspoortii waraqa eenyummaa biyyoolessaa/jiraataa ykn paaspoortii galmeessisaa irraa fudhatamee galmaa'a.

194. Mallattoo Galmeessisaa

1. Mallattoo kamiyyuuu barreeffamaan mallattaa'uu qaba.
2. Barreeffamaan mallatteessuu namni hin dandeenye ashaaraa quba isaatin mallatteessuu qaba.
3. Ashaaraa qubaan mallatteessuu kan hin dandeenye yoo ta'e kunumti ibsamee ragaan bakka jirutti qondaalli galmee kabajaa mallatteessa.

Kutaa xiqqaa Torba

Qondaala Galmee Kabajaa Ilaalchisee

195. Maqaa Qondaala Galmee Kabajaa

Maqaan, maqaan abbaa fi maqaan akaakayyuu duraa duubaan ni galmaa'a.

196. Kan Galmeeffame Jia, Guyyaa fi Bara

Duuti kan galmaa'e maqaan ji'aa jechaan, guyyaan lakkoofsa dijiitii lamaan fi barri lakkoofsa dijiitii afuriin galmaa'a.

197. Mallattoo

Qondaalli galmee kabajaa mallattoo isaa ni mallatteessa.

Kutaa Xiqqaa Sagal

Qophii fi Kenniinsa Waraqaa Ragaa

198. Qophii Waraqaa Ragaa

1. Waraqaa ragaa gaa'elaa qopheessuuf wal fuutota lamaan irraa suuraan gabaabaa 3x4 yeroo wakfakkaataatti ka'ame lama lama dhiyaachuu qaba.

199. Kenniinsa Waraqaa Ragaa

1. Galmeeffamaan/galmessisaan ykn qaamni bakka bu'ummaan seera qabeessa ta'e kennameef eenyummaa isaa ibsu waraqaa eenyummaa biyyoolessaa/jiraataa ykn paaspoortii qabatee wayita dhiyaatu waraqaan ragaa ni kennamaaf.

200. Seerota Duraaniin Ragaawwan Bu'uura Hawwaasummaa Kennaman Ilaalchisee

Seerota duraanii ykn hojmaata barsiifataatin galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa taasifamaaniin waraqaan ragaa kennaman sababa baduutin yookin manca'uutin yookin tajaajilaan ala ta'uutin gaaffiin bakka buusuu yookin waliin akka mirkanaa'uufii yeroo dhiyaatu galmeen kabajaa duraanii kan hin jirre yoo ta'e galmeessa haaraa raawwachuun waraqaan ragaa kennama.

Kutaa Kudhan

Gurmeessaa, Daddabarsaa, Qabiinsaa Fi Dhiyeessa Odeeffannoo

201. Odeeffannoo Qindeessuu,Daddabarsuu fi Qulqullessun Fuudhuu

1. Odeeffannoowwan galmaa'an ji'aa ji'aan gosa taateewwaniin koppii lamaan qindeessun waraabbiiwwan galmeessaa caasaa galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa itti aanee jiruuf erguu qaba.
2. Odeeffannoo qindaa'e Koppii tokko waraabbiiwwan waliin caasaa galmeessa ragaa bu'uura hawaasummaa itti aanee jiruuf erguu qaba. Koppii lammataa seeran gurmeessee gurmeessee qabata.

3. Caasaaleen odeeffaannoowwan/waraabbiiwwan caasaa gadii irraa ergaman fuudhan bu'uura foormii wal harkaa fuudhinsaa qophaa'en gosa taateen lakka'anii fuudhachuu qabu.
4. Odeeffannoowwan waraabbiiwwaniin galmaa'an guutuu fi sirrii ta'uu isaanii caasaa sadarkaan jiruun qulqullaa'uu qaba.
5. Waraabbiiwwan sababa hanqinoota adda addatin akka sirraa'anii fi guutamanii dhufaniif gara caasaaletti deebi'an foormaatii ergamee fi yeroo murtaa'e keessatti kan hin deebine yoo ta'e, sababa waraabbiiwwan deebi'uu dhabuuti rakkoolee uumamaniif itti gafaatamummaa ni fudhata.

202. Galmee Kabajaa /Waraabbiwwan/Gurmeessuu

1. Tokkoon tokkoon galmee kabajaa gosa taatee fi baraan sheelfii qophaa'e irra of eggannoon ni teessisa. Sheelfii irratti lakkoofsa addaa galmee kabajaa ni barreessa. Teeknolojiidhan gurmaa'ee qabamuu qaba.
2. Waraabbiwwan galmee kabajaa irraa adda bahanii gara qaama galmeessaa naannoo fi Ejansii federaalaa dhufan Baraan, gosa taateen, naannoon, godinaan/kutaa magaalaan, aanaan adda bahuun gurmaa'uu qaba.
3. Odeeffannoowwan gurmaa'an barbaachuuf akka tolutti ejansiin federaalaa fi qaamni galmeessaan naannoo galmee baafataa qopheessuu qaba. Galmee baafataa irratti barri galmee kabajaa, gosni taatee, bakki galmeessaa fi lakkoofsi shelfii ni tarreeffama.

203. Odeeffanoo Fudhachuf Haala Dureewwan Guutamuu Qaban

1. Odeeffanoo akka fayyadamuuf qaama seeran eeyyamamee ta'uu isaa xalayaa dhiyeesuu irraa mirkaneessuu qaba.

2. Odeeffanichi qo'annoo fi qorranoof kan barbaaadu yoo ta'ee kana kan ibsu gaaffiin dhiyaate hogganaa ilaallatuun yoo eeyyamanu tajaajilamaan foormii guutuu isaa qondalii galmee kabajaa mirkaneeffachu qaba.
3. Odeeffannoo gafataan dhaabbata yoo ta'ee bakka bu'aan waraqaa eenyummaa haroofamee fi xalayaa, nama dhuunfaa yoo ta'ee waraqaa eenyummaa dhuunfaa kan haroofamee dhiyeessuu qaba.

204. Odeeffannoowwan Yeroo Socho'an of-Eeggannoo Taasifamu qabu

Odeeffannoowwan sababa hojiitif qaamolee galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa giddutti yookin qaama galmeessa tokko keessatti kutaalee argaman keessatti yeroo sosoch'an of eeggannoon taasifamuu kan qabu yoo ta'u:-

1. Kennaa fi fuudhaan mallatteessanii wal harkaa fudhuu qabu.
2. Odeeffannoon kan bade yookin ragaawwan biraa keessa barbaadamee kan hin argamne yeroo ogeessi itti gaafatamummaan itti kenname yookin dhimmi ilaallatu itti gaafatamummaa ni fudhata.

205. Nageenya Galmeewwan Kabajaa /Odeeffannoowwanii Eeguu

1. Sheelfiin teessuma odeeffannoo meeshaalee sadarkaa isaanii eeggate irraa qophaa'uu qaba.
2. Sheelfiin qulfiin kan cufamuu fi furtuus ogeessa itti gaafatamummaan dhimmi ilaaluun ala qabachuu hin qabu.
3. Galmeewwan kabajaa fi waraabbiiwwan miidhaman fi baay'ee hubamaan yoo jiraatan haaromfamuu fi suphamuu qabu.
4. Galmeewwan ragaa bu'uura hawwasummaa bakka bu'aan (back up)fayyadamuun nageenyumman isaani eegamuu qaba.

206. Tajaajila Mirkaneessa Ragaa Kennuuf Haal-Dureewwan Guutamuu Qaban

1. Tajaajilamaan kana dura ragaa fudhate orjinaala fi eenyummaa isa kan ibsu kan ragaa yeroon itti hin darbiin orjinaalaa fi koppii, tajaajilamaan lammii biyyaa alaa yoo ta'ee paaspoortii fi visaa dhiyeessu qaba.
2. Bakka bu'insaan yoo ta'e keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsamee fi ragaa bakka bu'insa seeraa seera qabeessa ta'e dhiyeessuu qaba.
3. Haal-dureewwan guutuu mirkaneeffachuun duuba saartefiketii irratti sirrii ta'uu isaatiif chaappaa fi mallattoo akkasumas titara maqaa mirkaneessaa itti godhamuu qaba.

Kutaa Kudha Tokko

Tumaa Garaa Garaa

207. Seerota Biroo Raawwatamummaa Hin Qabaanne

1. Qajeelfama raawwii galmeessa ragaa bu'uura hawwasummaa lakk. 2/2008, 4/2009, 5/2009 fi qajeelfama raawwii gurmeessa, daddabarsa, qabinsaa fi dhiyeessa lakk. 3/2008 haqamee qajeelfama kanaan bakka bu'eera.
2. Dhimmoota qajeelfama kanaa keessatti heeraman gama ilaaluun ykn qajeelfama kanaan kan faalleessan: - qajeelfamni ykn hojimaati ykn xalayaan seerkulaarin darban kamiyyuu raawwatammummaa hin qabaatan.

208. Qajeelfamaa Foyyeessuu

Ejensiin galmeessa ragaa bu'uura hawwasumma feederalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame qajeelfamicha yeroo kamiyyuu foyyeessuu danda'a.

209. Yeroo Qajeelfamni Itti Ragga'u

Qajeelfamni kun _____/2010 irraa eegalee kan raawwatu ta'a.

Finfinee~~~~~~~~~~~~~~~~~Bara 2010

EGRBH Naannoo Oromiyaa

Tarreeffama Sabaa fi Sablammoota Itiyoophiyaa

T.L	Maqaa Sabaa fi Sablammoota Itiyoophiyaa				
1	Oorii	26	Gaamoo	51	Moosiyyee
2	Affaar	27	Geedihoo	52	Mullee
3	Agaawoo	28	Giidichoo	53	Mursii
4	Anyuhaak	29	Gofaa	54	Naa'oo
5	Alaabaa	30	Gumuz	55	Nuweer
6	Amaara	31	Guraagee	56	Nyaangaatom
7	Argobbaa	32	Hadiyyaa	57	Oo'idaa
8	Baacaa /Atsaa	33	Hamar	58	Ooppaa
9	Baaskeettoo	34	Hararii	59	Oromoo
10	Beenaa	35	Kaaroo /Karraa	60	Qabbannaa
11	Beench	36	Kafaa /Kafichoo	61	Qimaant
12	Bartaa	37	Kambaataa	62	Shakkaa /Shakichoo
13	Birayile	38	Koomoo	63	Shinaashaa
14	Booddii	39	Koonsoo	64	Sidaamaa
15	Burjii	40	Koontaa	65	Silxee
16	Carraa	41	Korree	66	Sumaalee
17	Daasench	42	Kunaamaa	67	Surmaa
18	Dawuroo	43	Kusummee	68	Tigiree
19	Daraashee	44	Kuwwehigu (Mugujjii)	69	Tsemaahi
20	Diimmee	45	Maahoo	70	Waghimiraa
21	Diiz	46	Maallee	71	Walaayittaa
22	Dobaasee /Gawwaadaa/ Aallee	47	Maaraqoo	72	Xambaaroo
23	Doongaa	48	Mahiniit	73	Yam

24	Erbooree	49	Mashoollee	74	Zahisee
25	Eroob /Saa'oo	50	Mazyangar	75	Zilmaammoo /Baallee

Duuka Buutuu lakk. 03

Ibsituu Haala Barnootaa

T.L	Sadarkaa barnootaa Xumure	Akkataa Galmeessa Haala Barnootaa
1	**Barreessuu fi dubbisuu kan danda'u**	Barreessuu fi dubbisuu kan danda'u
	Barreessuu fi dubbisuu kan hin dandeenye	Barreessuu fi dubbisuu kan hin dandeenye
2	**Hoolmaa daa'immanii**	Hoolmaa daa'immanii
	• Narsarii	Narsarii
	• KG 1	KG 1
	• KG 2	KG 2
	• KG 3	KG 3
3	**Barnoota Idileen Alaa**	
	• Barnoota bu'uuraa	Barnoota bu'uuraa
	• Barnoota bu'uuraa bu'uuraa gocha irratti xiyyeeffate	Barnoota bu'uuraa bu'uuraa gocha irratti xiyyeeffate
	• Barnoota qeesii	Barnoota qeesii
4	**Barnoota Bu'uuraa filatamaa**	
	• Sadarkaa tokkoffaa	Sadarkaa tokkoffaa
	• Sadarkaa lammaffaa	Sadarkaa lammaffaa
	• Sadarkaa sadaffaa	Sadarkaa sadaffaa
	• Barnoota Bu'uuraa filatamaa kan xumure	Barnoota Bu'uuraa filatamaa kan xumure
5	**Barnoota Sadarkaa 1^{ffaa} Marsaa Duraa**	
	• Kutaa 1^{ffaa} kan xumure	Kutaa 1^{ffaa}
	• Kutaa 2^{ffaa} kan xumure	Kutaa 2^{ffaa}
	• Kutaa 3^{ffaa} kan xumure	Kutaa 3^{ffaa}
	• Kutaa 4^{ffaa} kan xumure	Kutaa 4^{ffaa}
6	**Barnoota Sadarkaa 1^{ffaa} Marsaa lammaafaa**	

	• Kutaa 5^{ffaa} kan xumure	Kutaa 5^{ffaa}
	• Kutaa 6^{ffaa} kan xumure	Kutaa 6^{ffaa}
	• Kutaa 7^{ffaa} kan xumure	Kutaa 7^{ffaa}
	• Kutaa 8^{ffaa} kan xumure	Kutaa 8^{ffaa}
7	**Barnoota Sadarkaa 2^{ffaa} Marsaa Duraa**	
	• Himaammata barnootaa isa haaraan Kutaa 9^{ffaa} kan xumure	Kutaa 9^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa haaraan Kutaa 10^{ffaa} kan xumure	Kutaa 10^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa duriin kutaa 9^{ffaa} kan xumure	Kutaa 9^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa duriin kutaa 10^{ffaa} kan xumure	Kutaa 10^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa duriin kutaa 11^{ffaa} kan xumure	Kutaa 11^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa duriin kutaa 12^{ffaa} kan xumure	Kutaa 12^{ffaa}
8	**Barnoota Sadarkaa 2^{ffaa} Marsaa Lammaafaa**	
	• Himaammata barnootaa isa haaraan kutaa 11^{ffaa} kan xumure	Kutaa 11^{ffaa}
	• Himaammata barnootaa isa haaraan kutaa 12^{ffaa} kan xumure	Kutaa 12^{ffaa}
9	**Sartefikeetii**	Himaammata barnootaa isa haaraan 10+1 ykn “level I”, ykn “level II” ykn Haala himaammata barnootaa isa duriitiin 12+1 kan xumure
10	**Dippiloomaa**	Himaammata barnootaa isa haaraan 10+3 ykn “level III”, himaammata barnootaa isa duriitiin Dippiloomaa kan xumure
11	**Digirii Duraa**	Ogummaa leenjii fi teknikaatiin **“level IV”** Digirii jalqabaa gosa barnoota biroon argame yoo ta’eef ammo Digirii jalqabaa kan xumure
12	**Digirii jalqabaan ol** • Ogummaa leenjii fi teknikaatiin **“level V”** • Digirii maastireetii • Doktireetii • Gargaaraa Pirofeesaraa	Ogummaa leenjii fi teknikaatiin **“level V”** gosa barnoota biroon yoo ta’eef ammo Digirii maastersii ykn Digirii Doktereetii ykn Gargaaraa Pirofeesaraa fi Pirofeesara

	• Pirofeesara	